# Gadaa Journal/Barruulee Gadaa

**Vol. 4 No. 1 January 2021**
**https:journals.ju.edu.et**

**e-ISSN: 2616-3985**
**p-ISSN: 2616-3977**

**A Bilingual Journal of the Institute of Oromo Studies (IOS) Jimma University**

---

*Full Length Research Paper*

# Qaaccessa Qabiyyee Faaruu Loonii Hawaasa Oromoo Booranaa

**[1]Abdulshakuur Ahimad-fi, [2]Alamuu Disaasaa (PhD)***

[1] **Yuunivarsiitii Arsii,** [2]**Yuunivarsiitii Saayinsiifi Teknoloojii Adaamaa,**

Email: alemu.disasa@astu.edu.et

Submission Date:
Acceptance Date: January 20, 2021

## Axareera

*Kaayyoon qorannoo kanaa qabiyyee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa qaaccessuudha.Kaayyoo kana fiixa baasuuf, qorataan mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuudhaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan afgaaffii, daawwannaafi marii garee xiyyeeffannoo fayyadamuun walitti qabuun mala akkamtaan qaacceffaman.Argannoowwan qorannichaa akka muldhisanitti, faaruun loonii Oromoo Booranaa sirna mataa isaa kan qabuufi dhiiraafi dubartoonni gamtaan yookiin dhuunfaadhaan kanfaarfatan. Oromoon Booranaa faaruu loonii ittiin boohaaruuf, jaalala loon isaatiif qabu ittiin ibsachuudhaan alatti, dhimmoota siyaasaafi ilaalcha hawaasaa, diinagdee, aadaafi seenaa isaaatiin walqabatan irratti dhaloota haaraa barsiisuuf yookiin qaruuf itti fayyadamu. Haata'uu malee, sababoota akka babaldhina amantiilee biyya alaa dhufanii, itti fayyadama meeshaalee teeknoloojii, akkasumas, jijjiirama haala jireenyaa dhaloota haaraa irraa kan ka'e, loon faarfachuunOromoota Booranaa, keessattuu dhaloota haaraa, biratti akka aadaa boodatti hafaatti fudhatamaa dhufeera. Kanaaf, qorataan faaruu loonii kana walitti qabanii barreeffamaan akka kaa'an, qabiyyee sirna barnootaa naannichaa keessatti akka galchaniifi qorannoo dabalataa dhimmicharratti baldhinnaan adeemsisuu akka yabootti kaa'eera.*

**Jechoota Ijoo***:* Afwalaloo, Faaruu loonii, Oromoo Booranaa, Ogafaan,

---



---
* Corresponding author.

**Abstract**

*This study focuses on the analysis of the content of folk songs of the Borana Oromoo. To this end, relevant qualitative data were collected through interview, observation and focus group discussion and analysed qualitatively. Results of the study reveal that the folk song of Borana Oromoo has its own rules and procedures and sung by both sexes individually or in chorus. The Borana Oromoo use folk songs not only to express the love and emotional attachments that they have with their cattle, but also to refelect their political opinions and educates younger generation about the economic activity, cultural norms and history of the society. Nevertheless, due to the incursion of foreign induced religions, the introduction of electronic equipments and the change in the life style of the younger generation, nowadays, the Borana Oromoo folk songs are considered obsolete and less practiced especially among the younger generation. Hence, documentation of these cultural songs and blending them into the educational curriculum of the region and conducting further study have been recommended.*

**Key Terms***:* Borana Oromoo, Folklore, Folk songs, Oral Poetry

---

## 1. Seen-duubee Qorannichaa

Dhalli namaa tooftaalee ittiin eenyummaa, aadaa, seenaa, akkasumas, falaasama jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu keessaa ogafaan isa tokkoodha.Ogafaan haala faayidaafi akkaataa inni ittiin calaqqisurratti hundaa'een hayyoota garagaraatiin hiikni itti kennameera.Melakneh (2006, f.1) hiikkaa ogafaanii "Oral literature refers to the verbal heritage of man kind transmitted from generation to generation by word of mouth" jechuudhaan kaa'a. Haaluma walfakkaatuun, qorattuun Sone (2018, f.4) hiikkaa ogafaanii "Oral literature is part of the vast field of knowledge known as 'oral tradition' or 'orality', that is, a system of communication in which information and messages are transmitted verbally from one generation to another," jechuun ibsiti. Yaada kana cimsuudhaan hayyuun Malimo (2009) jedhamu ogafaan uunka aadaa kan qabuufi afaaniin kan darbu ta'ee, af-seenaa, faaruuwwan adda addaa, mammaaksota, hibboowwan ofkeessatti kan hammatuudha jechuun kaa'a. Yaada hayyoota kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, ogafaan qabeenya dhalli namaa afaaniin yookiin dubbiidhaan labata tokkorraa kan itti aanutti dabarsu ta'uu isaatiifi akaakuu garagaraa kan qabu ta'uu isaati.

Ogafaan hawaasa tokkoo, yoomiifi eessatti akka jalqabe wanti beekamu jiraachuu baatullee, erga ilmi namaa gamtaan jiraachuu jalqabee kaasee kan tureefi har'as kan jiru akka ta'e ni beekama.Dhimma kana ilaalchisee, Hayiluun(2016, f.16), "Ogumni barreeffamaa osoo hin eegaliin dura ilmi namaa aadaa, duudhaa, barsiifataalee, haala jireenyaa kkf.dhaloota lufuufi dhufutti dabarsaa kan ture ogafaan fayyadamuun" jedha. Yaada kanarraa akka hubatamu, ogafaan, dhalli namaa aadaa barreeffamatti gargaaramuu otoo hin jalqabin duraa eegalee kan jiruudha.

Akkuma ummata addunyaa biroo, ummata Oromoo birattis, ogafaan baay'inaan kan argamuufi bakka guddaa kan qabuudha. Oromoon ummata bal'aa hortee kuush ta'ee, bara duriirraa eegalee gaanfa Afrikaa keessa baldhinaan kan jiraatuudha. Ummanni kun adeemsa waliin jireenyaa keessatti, akkuma saboota Afrikaa kanbiroo, ogafaan gargaaramuudhaan eenyummaa, aadaa, seenaa, akkasumas, falaasama jiruufi jireenya isaa ibsachaa kan tureefi ibsachaa kan jiruudha (Dirribi, 2011; Keller 1995).

Ogafaan Oromoo kunis, gosoota garagaraa qaba (Fedhasaa, 2013).Gosoota kanneen keessaa, afwalaloon isa tokkoodha. Afwalaloon meeshaa dhalli namaa, muuxannoo jiruufi jireenyaa, aadaa, seenaa, duudhaa, safuu, gootummaa, misooma, jaalalaafi eenyummaa isaa kan darbee, kan ammaafi kan fuuladuraas kuulee bifa walalootiin ittiin waliif dabarsudha (Finnegan, 2012; Dorson, 1972). Afwalaloon ummata Oromoo biratti heddu beekamaadha (Ashenafi, 2014).Gosoota afwalaloo Oromoo keessaa faaruun loonii immoo isa tokko.Faaruun loonii afwalaloo hawaasni horsiisee bulaan kallattiidhaan waa'ee loon isaa ittiin ibsatuudha. Haata'uutti, ummanni kun yemmuu loon isaa faarfatu, haala kallatti yookiin alkallatti ta'een qabiyyeewwan seenaa, aadaa, akkasuma hawaas-diinagdee isaatiin walqabatan kaasudhaan ergaawwan garaa garaatis nidabarfata. Kana waan ta'eef, faaruu loonii ummata tokkoo qaaccessuun yookiin xiinxaluuu, haala jiruufi jireenya ummatichaa beekudhaaf nigargaara.

Ummanni Oromoo looniif bakka guddaa qaba.Kanaaf, jaalalaafi kabajaa loon isaatiif qabu faaruudhaan ibsata (Filee, 2016; Bayyanaa, 2008).Faaruun loonii kunis, Oromoota hedduu, keessattuu kanneen horsiisee bulaa ta'an, biratti bifa garagaraatiifi yeroo garagaaraatti faarfatama.Akkuma ummattoota horsiisee bultoota kanneen biroo, ummanni Oromootis faaruun loonii kanatti fayyadamuudhaan, kallattiidhaan waa'ee loonii yookiin hojii gaarii dhimma looniitiin wal qabatanfi alkallattidhan immoo qabiyyeewwan siyaas-diinagdee, aadaafi seenaa isaatiin walqabate ittiin ibsata.Akkuma gosoota Oromoota kanneen biroo, Oromoon Booranaa faaruu looniitti fayyadamuudhaan ergaawwan garagaraa dabarfata. Kanaafuu, qorannoon kunis, sirna Oromoon Booranaa faaruu loonii itti faarfatuufi faaruu kanatti fayyadamee ergaawwan qabiyyee garaagaraa irratti inni dabarfatu adda baasuu irratti kan xiyyeeffateedha.

Mataduree faaruu loonii irratti kanaan dura qorannoowwan garagaraa adeemsifamanii jiru.Fakkenyaaf qorannoo mata duree "Qaaccessa Yoomessaafi Qabiyyee Faruu Loonii Ummata Oromoo Godina Baalee" jedhu Bayyanaa (2008) Godina Baalee Aanaa Laga Hidhaarratti adeemsisee isa tokkodha.Akkamu mata duree isaatirra hubannu, qorannoon Bayyanaa Oromoota gosa Arsii kan Godina Baalee keessa jiraatan irratti kanfuulleffatedha. Karaa biraatiin xiyyeeffannaa mataduree isaa yoo ilaallu ammoo, qorannoon Bayyanaa faaruu loonii yeroo midhaan ayiiddaa, yeroo qonnaa, yeroo aannan raasanii fa'a. Kanaafuu, qorannoo Bayyanaafi qorannoo kana gidduu garaagarummaan iddoo qorannoofi kan kallattii xiyyeeffannoo ni jira. Fakkeenyaaf, qorannoon kun Oromoo Booranaa, Godina Gujii, Aanaa Liiban keessa jiraatan irratti kan adeemsifamu yoo ta'u, kan irratti xiyyeeffatu ammoo faaruu loonii yeroo jilaa (gubbisaa yookiin fuudhaafi heerumaa), yeroo obaa, yeroo galchumaa, yeroo gaaddisa jalatti boqotaniifi kan yeroo bobbaa fa'aa.

Gabaabumatti, faaruun loonii ummata horsiisee bulaa Oromoo Booranaa biratti aadaa baratamaafi baldhinnaan muldhatu ta'ullee, sakattaa ragaalee qorataan kun taasise akka muldhisutti, mata duree kanarratti qorannoon gaggeeffame hin jiru. Kana waan ta'eef, qorataan kun qaawwa ragaa yookiin beekumsaa gama kanaan jiru duuchuuf akkasumas, aadaa kana dhaloota dhufuuf barreeffamaan dabarsuuf mataduree kana filatee qorannoo gaggeesseera. Oromoon Booranaa bineelladoota garaa garaa kanneen akka gaalaa, re'eefi haarrees kan horsiisu yoo ta'es, irra caalaan kan heddumminaan horsiisu garuu looni yookiin horii gurguddaa gaanfaati. Ummatichi bineelladoota kanneeniif faaruu garaagaraa qaba. Haa ta'uutii, qorannoon kuni kan irratti xiyyeeffatu faaruu loonii qofarratti. Kunis kan ta'eef, ragaan faaruu loonii kuni heddumminaan kan argamuufi ummatichis qabiyyeewwan heddu faaruu kannatti fayyadamuun waan kaasufi. Haaluma kanaan, qorannoon kun gaaffilee bu'uraa armaan gadii deebisuuf yaalee jira:

1. Sirni faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa ittiin faarfatan maal fakkaata?
2. Qabiyyeen faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa maal fa'a?
3. Yeroo ammaa faaruun loonii hawaasa Oromoo Booranaa sadarkaa maalirraa jira?

## 2. Sakattaa Barruulee

Bu'uurri eenyummaafi aadaa saba tokkoo ogafaan akka ta'e hayyoonni ni mirkaneessu (Sone, 2018; Kimani, 2010; Bukenya, Wanjiku, and Okot, 1994, Lusweti, 1992). Biyyoota Afrikaa keessatti ogafaan yeroo duriirraa kaasee iddoo guddaa akka qabu hayyoonni ragaa bahu (Sone, 2018; Chesaina, 1997). Yaada kana ilaalchisee hayyuun Chesaina (1997: xi) jedhamu "oral literature is one of the most vibrant aspects of African cultural heritage," jechuun addeessa. Haaluma walfakkaatuun hayyuun Sone (2018,f.2) jedhamtu "Oral literature in African languages is naturally the oldest and most predominant" jechuudhaan yaada walfakkaatu keessi. Ummanni Afrikaas, ogafaanitti gargaaramuudhhaan dhimmoota isaan ilaallatu hedduu ittiin ibsatu. Barreessituun Sone (2009, f. 162) jedhamtu gama isheetiinfaayidaa ogafaanii yemmuu ibsitu, "Oral literary forms such as stories, songs and proverbs are metaphors to guide moral choice and self-examination. They are mirrors for seeing things in a particular way. They serve as pedagogic tool for teaching values that guide children's concrete behavior in society," jechuun baldhinnaan keechi. Akka yaada hayyuu tanaatti, ogafaan kallatti hawaasni tokko addunyaa ittiin hubatu kan agarsiitufi meeshaa hawaasni tokko safuufii duudhaa isaa dhaloota haaraa ittiin barsiisu yookiin haala barbaaduun sammuu dhala isaa ittiin qarudha.

Akkuma armaan olitti ibsame, afwalaloon akaakuwwan ogafaanii keessa isa tokko ta'ee, meeshaa dhalli namaa, eenymmaafi haala jiruuf jireenya isaa bifa walalootiin ittiin waliif dabarsudha (Finnegan, 2012; Dorson, 1972).Finnegan (2012, f. 265) afwalaloon hawaasa aadaa baarreessuu hin qabnee keessatti faayidaa inni qabu yoo ibsitu, "… oral poetry takes the place of news papers among non-literate peoples" jetti. Kana jechuun, hawaasa aadaa hogbarruu barreeffamaa hinqabne keessatti afwalaloon faayidaa gaazexaan odeffannoo tamsaasuurratti taphatu bakka bu'uudhaan ergaa barbaachisaa ta'e ummataaf dabarsuu danda'a.

Afwalaloon amaloota garagaraa qaba. Inni jalqabaa, akkuma maqaa isaarraa hubachuun danda'amu, afwalaloon labata irraa labatatti kan darbu afaaniin. Inni biraa, afwalaoon amaloota akka dhiikkisaa, wal simannaafi irra deddeebii sagaleefi safaraa mataa isaa kan qabuudha. (Finnegan, 1977; Dorson, 1972).

Dabalataanis, ogafaan gosoota adda addatti qoodama. Uunkaa ittiin dhiyaatuufi amala isaarratti hundaa'uun, Fedhasaan (2013, f.18) ogaafaan Afrikaa seeneffamoota ogafaanii (oral narratives), afwalaloo (oral poetry) fi qareeyyii yookiin raagamtaawwan gaggabaaboo (witticism) jechuun akaakuuwwan gurguddoo saditti qoqqooda. Haaluma walfakkaatuun, qorattuun Sone (2009) jedhamtu ogafaan durdurii, afwalaloo fi mammaaksa jechuun akaakuu saditti adda qooddi.

5 Gosoota afwalaloo keessaa faaruun loonii isa tokko.Faaruun loonii afwalaloo hawaasni horsiisee bulaan waa'ee loon isaa ittiin ibsatuudha. Yaada kana ilaalchistee, Finnegan (2012, f. 245), yaada itti aanu kana dhiheessite: "Among pastoral peoples, songs are often composed and sung in praise of individual beasts. Cattle come to mean far more to their owners than mere economic sustenance…".Kana jechuun, ummata horsiisee bulaa biratti, faaruun loonii baay'ee beekamaafi meeshaa ummatichi jaalalafi kabajaa loon isaatiif qabu ittiin ibsatu.

Karaa biraatiin, ogafaan walumaagalatti meeshaa hawaasni tokko beekumsa, seenaa, ogummaa, duudhaa, barsiifataafi aadaa isaa dhalootaa gara dhalootatti ittiin dabarfatu keessaa tokko ta'us akkuma addunyaattuu xiyyeeffannaa gahaa hin arganne. Kanarraa kan ka'e, aadaan ogafaan fayyadamuu haphachaa dhufuun ni muldhata (Finnegan, 2012; Assaffaa, 2009). Akka Assaffaan (2009,f.27) jedhutti, yemmuu jijjiiramni siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa, akkasumas, saayinsiifi teeknoloojiin hawaasa tokko keessatti uummamu, "hawaasni aadaa mataa isaa dhiisee kan biroo faana dhahuu jalqaba. Kun immoo, geeddarumsa ogafaanitiif sababa guddaa ta'a". Mataduree qorannoo kanaa ilaalchisee, qoratichi muuxannoo isaarraa akka hubachuu danda'etti, akaakuwwan ogafaan Oromoo Booranaa keessaa isa beekamoo kan ta'e, faaruun loonii, sababoota garagaraatiin haphachaa yookiin laafaa waan dhufe fakkaata. Kanaafuu, sababoota laafiinsa faaruu loonii Oromoo Booranaa adda baasuunfi ogafaan kuni barreeffamaan taa'ee dhaloota dufuuf akka darbu taasisuun xiyyeeffannoowwan qorannoo kanaa akka ta'an godhameera.

## 3. Yaaxina Qorannichaa

Yaaxxinaalee adda addaa qorannoo ogafaan adeemsisuuf fayyadan hayyoonni kaa'anii jiru. Isaan keessaa bebbeekamoon Yaaxina Seen-Naannoo "Historical Geographical Theory", Yaaxina Hawaasummaa "Anthropological Theory", Yaaxina Xiinsammuu "Psychoanalytic Theory" Yaaxina Caasaa Fookiloorii "Structural Folklore Theory" fi Yaaxina Faayidaawaa "Functional Theory" jedhamuun kan beekkamanidha (Dorson, 1963; Harle, 1999; Kha , 2018). Yaaxinaaleen kunniin akkaataa qorannoon ogafaanii itti adeemsifamuu qabuufi kallattiiwwan xiyyeeffannoo qorannooogafaanii irratti garaagarummaa qabu.

Kaayyoon qorannoo kanaas addadureedhaanqabiyyee faaruu loonii qaaccessuurratti waan xiyyeefatuuf,yaaxinoota jiran keessaa qorataan adda durummaan Yaaxina Faayidaawaa "Functional Theory" tti dhimma bahuudhaan qorannoo isaa adeemsiseera.

Yaaxinni Faayidaawaa "Functional Theory" qorannoon ogafaanii tajaajila ogafaan hawaasa keessatti qaburratti xiyyeeffachuu akka qabu kaa'a.Akka Bascom (1954) ibsutti, kaayyoon hayyoota Yaaxina Faayidaawaa qorannoo ogafaanii gaggeessuuf gargaaramanii immoo, faayidaa ogafaanichi hawaasaaf kennu adda baasuudha.Yaada kana ilaalchisee Dorson (1972, f.20) yoo ibsu, "In the Functional theory, the text itself is meaningless apart from its living presentation, or performance to a responding audience" jedha.Bu'uuruma kanaan, Bascom (1954) faayidaa ogafaanii iddoo gurguddaa afuritti qooda. Faayidaan jalqabaa boohaarsisuu "Amusement" yoo ta'u, ilmi namaa dhiphinna sammuurraa bilisa ofgochuuf kan fayyadamuudha. Inni lammataa, fudhatama aadaa saba tokkoo mirkaneessu "validating culture" ta'a. Faayidaan inni sadaffaa, ogafaanii barnoota kennuun ergaa hubannoo qabu dabarsuudha. Afraffaarratti, ogafaan duudhaafi aadaa hawaasa tokko keessatti fudhatama qabu kunuunsuu "maintaining conformity to the accepted patterns of behavior" (Bascom, 1954,f.345) akka ta'e kaa'a. Kunis, namoota aadaafi duudhaa sana cabsan qeequun dhiibbaarratti taasisee karaatti deebisuudha.

Qoratichi qorannoo kana keessatti adda durummaan Yaaxina Faayidaawaatti dhimma bahus, kallattiiwwan Yaaxina Hawaasummaa "Anthropological Theory" dabalataan qorannoo kanaaf bu'uura godhateera.Sababni isaas, akka hayyoonni yaaxina kana deeggaran kaa'anitti, ogafaan tokko karaa kamiinuu xiinxaluuf, aadaafi haala jiruufi jireenya hawaasichaa hubannoo keessa galchuun dirqama waan ta'eef (Bascom, 1954).

## 4. Mala Qorannichaa

### 4.1. Haala Waliigala Naannoo Qorannichaa

Qorannoon kun kan irratti xiyyeeffatu gosa Oromoo Booranaa Naannoo Oromiyaa, Godina Gujii, Aanaan Liiban keessa jiraatanirratidha. Sababaan qorattoonni ummata aanaa kanaa filataniifis dhiyeenyafi haala mijaawaa ragaa guuruuf qabanidha.Aanaan Liiban, aanaalee Godina Gujii keessatti argaman keessaa tokko yoo taatu, kallatti kibba bahaan magaala guddittii biyyattitti Finfinnee irraa km 610 fagaattee argamti. Aanaan kun gandoota baadiyaa kudha-lama kan qabdu yoo ta'u, baayinni uummata aanichaas dhiira 41137 fi Dubra 40487 walumagalatti 81622 ta'a jedhamee tilmaamama. Haalli qilleensaa aanichaas gammoojjiinfi ho'i giddu- galeessa $^{o}C$ 25 yoo ta'u, rooba waliigala waggaatti yeroo lama qofa argatti.Aanaa kana keessatti baay'innaan kan jiraatu Oromoota Booranaa yoo ta'an aanaalee isaan kaan keessa hedduminaan Oromoota Gujiitu jiraata (Waajira Misooma Qonnaa Aanaa Liiban, 2010).

Oromoon Booranaa, horteewwan Oromoo gurguddoo lamaan (Boorana fi Baareentuu) keessaa isa hangafaa kan ta'eedha.Ummanni kuni baay'inaan kibba Itoophiyaa, Naannoo Oromiyaa keessa akkasumas kaaba biyya Keeniyaa keessa jiraata. Booranni irra caalaan horsiisee bulaadha.Ummatichi baroota dheera darban keessa heddumminan loon (saawwaniifi sangoota) qofa horsiisudhaan kan beekame ta'us, yeroo ammaa rakkoo haphina soorata loonii akkasumas jijjiirama haala qilleensa naannoo irraa kan ka'e,

bineelladoota biro kanneen akka gaalaafi re'ee dabalataan horsiisaa jiraachuu qorannoowwan nimuldhisu (Bassi, 2010; Tigist Kebede, 2014). Baay'ina qaabeenya loonii ilaalchisee, loon 75 dhuunfaan qabaachudhaan ummanni Boorana biyya Itoophiyaa keessaa sadarkaa tokkoffaarra jira (Teweldemedhn Mekonnen, 2018). Qorannoowwan garaa garaa akka muldhisanitti, loon Boorana kan sanyii 'Boran breed' jedhamuun beekaman biyyaa keessafi adunyaa gubbaarattis oomishtummaa isaanitiiin kan beekamoodha. Biyyi keenya foon gara biyyaa alaa erguun galii maddisiistu keessaa, harki caalaan kan argamaa jiru bu'aa sanyii loon Booranati. Haalli qilleensaa naannichaa gammoojii ta'uu isaatirraan kan ka'e, ummata Boorana biratti bishaan yeroo heddu hanqinatu jira. Loon sanyii 'Boran breed' jedhaman kuni ammoo rakkoo kana dandamachuudhaanis nibeekamu (Bassi and Tache ,2011). Walumaagalatti, jiruufi jireenyi ummata Booranaa loonifi bu'aa loonii irratti kanhundaa'edha.

Oromoota birootiin walbira qabamee yemmuuilaalamu, Oromoon Booranaa dhiibbaalee garaagaraa dandamachuudhaan aadaafii duudhaalee Sirna Gadaa akkasumas sirna Qaalluu[a] Oromoo qabatee turuudhaan beekkama (Dejene, 2017; Tesema, 2016; Zelalem, 2012; Bassi and Boku, 2011; Bassi,2010).Sirni Gadaa, sirna bulchiinsaa waggoota saddeet saddeetiin hoggansaa haala dimokraatawa ta'een filachuun geggeeffamu ta'ee, dhimmoota hawaas-diinagdee, siyaasaa, aadaa, duudhaalee, qabeenya uumamaa, walumaagalatti falaasama jiruuf jireenyaa ummata Oromoo kan ofkeessatti hammatedha.Gabaabumatti, sirni Gadaa mallattoo eenyummaa ummata Oromoo akka ta'e hayyoonni nimirkaneessu(Tesema, 2016; Asmarom, 1973).Akkuma Sirna Gadaa, Qaallunis, sirna bulchiinsaa Oromoo Booranaa keessatti iddoo guddaa qaba. Qaallummaan aangoo dhaabbataafi sanyiidhaan darbu yookiin maatirraa dhaalamuu yoo ta'u, abbaa gadummaan garuu angoo waggoota saddeetiiffilannoo ummataatiin qofa argamudha (Dejene, 2017; Bassi, 2010).

Sirna Gadaa Booranaa keessatti, aadaanifi angoon bulchiinsaa walitti hidhiinsaa cimaa waan qabaniif, namni tokko aangoo biyya bulchuu argachuudhaaf beekkumsa aadaafi duudhaa ummatichaa beekuun dirqama.Oromoonni Booranaa heddumminaan Waaqeffataa[b]kan turan yoo ta'u, yeroo ammaa garuu hedduun isaanii amantii isaanii gara Pirootestaantifi, Islaamaatti jijjiiraa jiru (Habtamu, 2017).

Akkuma Oromoota isaan biroo, Oromoon Booranaa gosoota garaagaraatti qoodamuun jiraatu. Gosootni Booranaa gurguddoon lamaan Sabboo fi Goonaa jedhamuun kan beekaman yoo ta'u, gosoonni kunneen gosoota garaagaraa ofjalatti hammatu (Zelalem, 2012). Akka aadaa Oromoo Booranaatti, gosti tokko walhinfuudhu (Zelalem, 2012; Asmarom, 1973).

[a]***Qaalluu*** :-qaalluun dhaabbata amantaa Oromoo kan Waaqa tokkotti amanu yookiin sirna amantiii Waaqeffannaa hordofudha. Karaa biraatiin, qaamni yookiin namni dhaabbata amantaa kana hooqqanus qaalluu jedhamuun beekama (Dejene, 2017).Qaalluun humna eebbisee fayyisuu akkasumas abaaree balleessuu qaba jedhamee amanama. Yeroo abbaan gadaa filatamu eebbisee hojiitti galchu; nmoonni yoo waldhabanis araarsufis humna addaa akka qabu amanama (Kelly, 1992).

[b]*Waaqeffataa*:- ummataa Waaqa tokko, kan waan hunda uumeetti amanu (believers of one Waaqa/God as creator of the universe ) (Tesema Ta'a 2016).

## 4.2. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kunakaakuuogafaanii keessa isa tokko kan ta'ee afwalaloo faaruu loonii qaccessuurratti xiyyeeffata. Akka hayoonni ibsanitti, ogafaan yoo walitti dhufeenyi yookiin qunnamtiin hawaasaa jiraate qofa jiraachuu danda'a.Kanaaf, ogafaan hawaasa tokkoo gadifageenyaan xiinxaluudhaaf haala jiruufi jireenya hawaasichaa gadifageenyaan beekuun barbaachisaa ta'a (Gabbert, 2010). Kana gochuuf immoo,saxaxaaadaa hawaasaa 'ethnographic research method' fayyadamuun bu'a qabeessa akka ta'e hayyoonni nimirkaneessu.Sababni isaas, qorataan kallattiin hawaasa bira deemee qorannoo geggeessuuf waan gargaaruufiidha.Saxaxa qorannoo kana ilaalchisee Dastaa (2013, f. 32) Spradely (1979) wabeeffachuun yoo ibsu, "The goal of ethnographic research is to understand another way of life from the native point of view" jedha.Akka yaada armaan olii kanarraa hubannutti, kaayyoon qorannoo aadaa hawaasaa haala jireenya hawaasa tokkoo kallattiin bira gahanii gadifageenyaan hubachuun akka danda'amu addeessa. Kanaafuu, qorataan kun mala qorannoo akkamtaa keessaa qorannoo aadaa hawaasaa fayyadamuun qorannoo isaa kana adeemsiseera.

## 4.3. Madda Odeeffannoo

Qorannoon kun, madda odeeffannoo tokkoffaatti fayyadamuun gaggeeffame. Kanaaf, qorannoo kana keessatti, jaarroleefi haawwonni beekumsa faaruu loonii Oromoo Booranaa gadifageenyaan ni beeku jedhaman filatamanii akka madda odeeffannootti fudhatamaniiru.

## 4.4. Idattoofi MalaIddatteessuu

Qorannoon kun qorannoo aadaa waan ta'eef, qoratichi odeefkennitoota isaa filachuudhaaf mala iddatteessuu miti-carraa keessaa mala iddatteessuu iyyaafannoo ykn darbaa dabarsaa (snowball sampling) fayyadameera. Sababni isaas, odeefkennitoota mata duree kanarratti odeeffannoo gahaa kennuu danda'an kallattiin filachuudhaafi namoota odeeffannoo waa'ee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa sirritti ni beeku yookiin nifaarfatu jedhaman hawaasa keessaa barbaaduun filachuun barbaachisaa waan ta'eef. Haaluma kanaan, qoratichi namoota waa'ee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa gadifageenyaan beekan dhiraa 12(kudhalamaa)fi dubbartoota 8(saddeet) walumaagalatti namoota 20(digdama)gandoota sadi kan carraatiin adda ba'an keessaa filachuun akka iddattootti fayyadameera.

## 4.5. Meeshaalee Odeeffannoo Ittiin Funaanan

Qorannoo kana keessatti, qorataan mala qorannoo akkamtaa keessaa qorannoo aadaa hawaasaatti dhimma baheera. Meeshaalee odeeffannoo qorannoo akkamtaa ilaalchisee, Dastaa (2002,f.230) yoo ibsu, "Qorannoo akkamtaa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannu daawwannaa, afgaaffii, dookimantii sakatta'uufi meeshaalee suur-sagalee fa'atti deeggaramuudhaan" jedha. Bu'uuruma kanaan, qoratichis meeshaalee odeeffannoon ittiin funaannaman keessaa afgaaffii, daawwannaafi marii gareettixiyyeeffannoo fayyadamuun ragaa barbaachisu sassaabateera.

.

### 4.5.1 Afgaaffii

Qorannoo akkamtaa keessatti, afgaaffiin meeshaa funaansa ragaalee murteessaa akka ta'e hayyoonni nimirkaneessu (Punch, 1998).Odeefkennitoonni qorannichaa hedduun namoota barreessuufi dubbisuu hindandeenye waan ta'aniif, afgaaffii banaa ta'anitti gargaaramuun faayida qabeessaadha.Bu'uuruma kanaan,qorataan kun, afgaaffitti gargaaramuudhaan manguddootaafi namoota faaruu looniirratti hubannoo gadifageenyaa qabanirraa odeeffannoo funaannateera.Baay'inni namoota afgaaffiin dhihaateef namoota kudhan yoo ta'an, umriin isaanii waggaa 48 hanga 82 kan jiraniidha. Iddoon afgaaffiin itti adeemsifame gandoota: Lagaguulaa, Goobichaafi Simmintooyoo ta'an, xiyyeeffannoon guddaan afgaaffichaas waa'ee sirna faaruun loonii ittiin faarfamuufi sadarkaa yeroo ammaa faaruun kunirra jiru sakatta'uudha.

### 4.5.2 Daawwannaa

Daawwannaan qorataan tokko hawaasicha keessatti qaamaan argamee waa'ee dhimmichaagadifageenyaan hubachuuf kan gargaaruudha (Pandey&Pandey, 2015). Bu'uuruma kannaan, qorataan kun hawaasicha keessatti qaamaan argamuun faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa kan yeroo bobbaa, yeroo galchumaa, yeroo obaa faarfaman daawwateera. Ragaan kunis, qorataan ragaalee afgaaffiin funaannate mirkanneeffachuuf gargaareera.Odeeffannoo karaa daawwannaatiin argamaniifjirraa-jirree (cheklist) daawwannaa akkasumas,meeshaaleesuur-sagalee fayyadamuudhaan bara 2010 ALIfunaannateera.

### 4.5.3 Marii Garee

Mariin garee tooftaa odeefkennitoonni waan dagatan walyaadachiisaa qorataadhaaf ragaalee gahaa ta'e akka kennan isaan taasisuudha (Filee, 2016; Dastaa,2002).Kanaaf, qoratichi namoota waa'ee faaruu looniirratti beekumsaafi hubannoo gahaa qaban gandoota filataman keessatti walitti fideegaree lamatti qoodeemariiadeemsisuudhaan odeeffannoo funaannateera.Baay'inni hirmaattota garee tokkoo dhiira shaniifikan gareen lammata immoo dubartoota shaniidha. Dhimmoonni isaan irratti mari'atanis, sirni faaruu loonii ittiin faarfamu maal akka fakkaatu, faaruun loonii qabiyyee maal maal of keessaa akka qabuufi sadarkaa faaruun loonii yeroo ammaa irratti argamu kan jedhuudha. Haaluma kanaan, qoratichi yaadota marii garee lamaan keessatti ka'an yadannoo barreeffamaafi meeshaa waraabbii sagalee fayyadamuun funaannateera.

### 4.6 Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorataan kun odeeffannoo walitti qabate mala akkamtaa qabiyyee xiinxaluu "qualitative content analysis" fayyadamuun qaaccesse. Akka Dörnyei (2007, f,246) ibsitutti, malli kun ragaa argame gadifageenyaan qaaccessuuf "interpretive analysis of the underlying deeper meaning of the data" mijaawaadha. Haaluma kanaan, qorataan kunwalaloowwan sagaleedhaan waraabbaman erga garabarreeffamaatti jijjiireeirra deddeebi'ee dubbisee booda, yaad-rimeewwan gurguddoo ta'an jalatti ramaduun qaaccesseera. Adeemsa qaacessa ragaalee kana keessatti, qoratichi yaadota yookiin ergaawwan faaruu loonii keessatti ka'an haala hawaas-diinagdee, seenaa, akkasumas aadaa hawaasichaa waliinwalbira qabuudhaan

gadifageenyaan xiinxaleera.Kanaaf, adeemsi xiinxala ragaalee qorannoo kanaa hiika jechoota walaloo faaruu looniirraa ka'uudhaan gara aadaafi jiruuf jireenya hawaasichaa xiinxaluutti deema.Haaluma kanaan, qorannoo kana keessattis odeeffannoon qabiyyeewwan faaruu loonii funaanaman yaad-rimee isaaniirratti hundaa'uun qoqqoodamanii bifa ibsaafi addeessuutiin qaacceffamaniiakka armaangadiitti dhihaataniiru.

# 5 Qaaccessaafi Hiika Ragaalee

## 5.1 Sirnoota Faaruu Loonii Oromoo Booranaa

Akka ragaan odeefkennitootarraa argame agarsiisutti, faaruun loonii hawaasa Oromoo Booranaa sirna garagaraatiin faarfama.Sirni kunis, yoomessaafi namoota faaruu faarfatan bu'uura godhatee raawwatama.Faaruu loonii hawaasa kanaa dubartootaafi dhiiraan kan faarfamu ta'ee, sirni ittiin faarfatan garuu addaddummaa qaba. Fakkeenyaaf, faaruuma walfakkaataa tokko yeroo dubartootaafi dhiiraan faarfamu, yeedalloon isaa garagara.Garaagarummaa yeedaloo kana irratti hundaa'udhaan faaruundubartootaan faarfamu faaruu loonii yoo jedhamu, kan dhiiraan faarfamu immoo weedduu loonii jedhamuun beekama.Haata'uutii, haala walfakaataa ta'een dubbistootaaf ifa gochuuf, qorannoo kana keessattijechi 'faaruu' jedhu filatamee jira.

### 5.1.1 Sirna Faaruu Loonii Dubartoonni Faarfatan

Hawaasa Oromoo Booranaa biratti, dubartoonni faaruu loonii gamtaan (chorus) yookiin dhuunfaan ta'uudhaanakaakuu lamaan akka faarfatan ragaan funaanname niagarsiisa. Sirna faaruu loonii dubartoonni gamtaan faarfatan keessatti dubartoonni jaalala looniif qaban ibsatu.Sirna kana keessatti, dubartoota haawwan ta'an qofatu hirmaata; shamarran keessatti hin hirmaatan.Yeroo gamtaan faarfatan kana, dubartoonni tarree galanii dhaabbachuun golla yookiin gogaa hin duugaminiifi harka isaanii rukutaawaljalaa qabuun faarfatu.Golla kana immoo lafa osoo hin tuqsiisin bifa inni sagaleeuumuu danda'uun miilaan rukutaa akka inni sagalee baasu taasisu. Sababni isaan gogaa kana fayyadamaniifis, faaruu loonii san yeroo faarsanitti, loon bakka sana waan hin jirreef gogaa kanaan yaadachuuf akka ta'e hirmaattonni qorannichaa nidubbatu. Faaruu gamtaa kana dubartoonni yeroo jilaa akka gubbisaa[c]fi cidhaa halkan faarsaa bulu.

Dabalataanis, sirna gamtaan loon faarfatan keessatti, dubartoonni gosa tokko ta'an walitti hin faarfatan.Sababni isaas, yeroo faaruu faarfatanitti, dubartoonni Oromoo Booranaa gosti isaanii 'Sabboo'fi 'Goonaa' jedhamuun beekaman keessaa, dubartiin gosa kamii caalatti akka faarfatu ittiin madaaluuf akka ta'e odeefkennitoonninimirkanneessu. Yommuufaarfatanis, dubartoonni gosa lamaanii dabareedhaan walii dabarsuun yookiin walirraa fuudhuun dhahatu. Dubartoonni hafan immoo,warra jalaa qaban jedhamu.Warri jalaa qaban immoo, gosaan gargar hin bahan.

---

[c]***Gubbisa*** *jechuun jila yokiin qophii abbaan ilma hangaatiif maqaa baasuuf qopheessuu jechuudha.*

Sirni faaruu inni lammaffaan kan dubartoonni dhuunfaa farfataniidha. Akka odeefkennitoonni himanitti, faaruu kana keessatti dubartiin tamiiyyuu dhuunfaan faarsuu dandeessi.Meeshaan sagalee qabushinbarbaachisu.Faaruu kunis,kan yeroo obaafi yeroo galchumaa faarfamuudha.

### 5.1.2 Sirna Faaruu Loonii Warri Dhiiraa Faarfatan

Akkuma kan dubartootaa, warri dhiiraas faaruu loonii yemmuu faarfatan gamtaan waljalaa qabuudhaan yookiin dhuunfaan faarfatu. Sirna faaruu warri dhiiraa gamtaadhaan faarfatan keessatti sagalee isaanitiin alatti meeshaalee muuziqaa keessaa dibbee ni gargaaramu. Kana malees, harka isaanii waliitti rukutuudhaan faarfatau.Faaruun loonii kun kan dubartoonni gamtaan faarfataniin walaloon isaa kan walfakkaatu ta’us garaagarummaa heddu qaba. Fakkeenyaaf, faaruun warra dhiiraa kan dubbartootaarraa yeedalloon isaa adda.Dabalataanis, warri dhiiraa yemmuu faarfatan akka dubartootaa gosaan adda hinqoodaman.Warri dhiiraa yemmuu faarfatan dibbeetti garagaaramuudhaan, taa’anii wal jalaa qabuudhaan iddoo jilaatti halkan faarfataa bulu.

Karaa biraatiin, akkuma kandubartootaa, warri dhiiraas sirna faaruu loonii dhuunfaan farfatan niqabu. Sirna faaruu kana keessatti, dhiirri kamiiyyuu dhuunfaa isaatiin faarfachuunidanda’a. Meeshaan sagalee qabu hin barbaachisu. Sababni isaas, faaruu akkanaa kun jamaa waan hin barbaaneefiidha. Sirni faaruu loonii warri dhiiraa faarfatankunis, ganama yeroo loon bobba’an nama loon bobbasuun akkasumas, yeroo loon gaaddisa jalatti boqotaniitti faarfama.

Sirni faaruu loonii armaan olitti ibsame kuni, sammuu qaamota irratti hirmaatan bohaarsudhaan alatti, hariiroo hawaasummaa qaamota kanaa cimsuu keessatti gahee olaanaa taphachuu danda’a.Dabalataan, sirni faaruu loonii, kessattu faaruun gamtaadhaan faarfamu, dhaloota haaraaf carraa aadaa, duudhaa, safuufi seenaa isaa tooftaa salphaa ta’een ofbohaarsaa ittiin baratu uumuu danda’a.

## 5.2 Qabiyyee Faaruu Loonii Hawaasa Oromoo Booranaa

Haawaasa aadaa ogbarruu barreeffamaa baldhinnaan hinqabne keessatti, afwalaloon akka faaruu loonii ergaalee garagaraa ittiin dabarfachuudhaaf tajaajiluu akka danda’u hayyoonni nimirkaneessu (Filee, 2016; Finnegan,2012). Haaluma kanaan, faaruun loonii hawaasa Oromoo Booranaa qabiyyeewwan garagaraa ofkeessaatti kanhammatu akka ta’e ragaaleen qorannichaa nimuldhisu. Bu’uuruma kanaan, qorannoon kunqabiyyeewwanfaaruu loonii Oromoo Booranaarratti xiyyeeffateejireenyi hawaasichaa gama siyaasaa, diinagdee,hawaasummaa, seenaatiifi aadaatiin maal akka fakkaatu calaqqisiisa. Walaloowwan faaruu loonii dhimmoota kana calaqqisiisan akka armaan gadiitti qaacceffamanii dhiyaataniiru.

### 5.2.1 Siyaasaafi Ilaalcha Hawaasichaa Ibsuu

Tooftaawwanhawaasni tokko quuqamasiyaasaa sammuu isaa keessa jiru ittiin ibsatuuf gargaaran keessaa faaruun isa tokkoodha. Haala kana, Finnegan (2012, f. 265) "Songs can be used to report and comment on current affairs, for political pressure, for propaganda and to reflect and mould public opinion" jechuun ibsiti. Akka hayyitti tanaatti, afwalaloon dhimmoota akka siyaasaafi taateewwan haaraa ummata keessa jiran calaqqisiisu.Oromoon Booranaas,faaruu looniitti gargaaramuun maalummaa daangaafi dhimmoota daangaaummatichaatiin walqabatan dhalootaa dhalootatti daddabarsa. Yemmuu kana raawwatus, faaruu loonii keessatti wantoota akka mukkeeniifi gaarreewwan adda addaa ummaticha ollaa tokkoon waldaangessan gargaaramuuni.Faaruu loonii yaad-rimee kana ofkeessaa qabu akka armaan gadiitti dhiyaateera.

*Baddanne waaree teetii*
*Adaan Gam- siiroo daangaa keeti*
*Baddanne waaree keetii*
*Dhaddachi warraabiidaangaa keeti…*

Faaruu loonii kana keessatti bo'oon, "Baddanne waaree teetii" jedhu, loon sana yeroo bobbaaf yaasan bakki loon sun itti bobba'an daangaa hawaasa Oromoo Booranaatiifi ummata Soomaalee kan taate iddoo'Baddanne' jedhamtu akka ta'e kan ibsuudha. Akkasumas, bo'oon, "Adaan gam- siiroo daangaa keeti" jedhu keessattis, iddoon 'Adaan gam-siiroo' jedhamu daangaa Oromoo Booranaafi ummata Soomaalee akka ta'e dhaloota haara'a beeksisuuf fayyadamu.

Dabalataanis, bo'oo 4[ffaa] keessattis, 'dhaddachi' muka jabinaan beekamufi naannoo daangaa Booranaa keessatti ballinaan argamuu yoo ta'u, jechi "Warraabin"jedhu immoo, maqaa lafaa ibsa.Kanaaf, bo'oo ibsame kana keessatti, "Dhaddachi warraabii" daangaa ummata Oromoo Booranaafi SoomaaleeAanaa Liiban keessatti kanargamu yoo ta'uu, yeroo ammaa ummata Soomaleetiin fudhatamee kan jiru ta'uu isaa dhaloota ittiinbarsiisan. Haaluma walfakkaatuun, faaruu loonii armaan gadiihaalagama siyaasaatiin ummatichi keessa jiru kan ibsasuudha.

*Sirraa 'taqabballee'*
*Sidaama gabbaree*
*Sirraa fuudhee turee*
*Silla[d] diimaa dhugee*

Akkuma faaruu armaan olii keessatti muldhatu, baradurii hacuuccaan ummata Oromoorratti gaggeeffamaa turetti, looniifi bu'aa loon irraa argaman gita bittoota nafxanyaa 'Sidaama' jedhamuun beekamaniin ummaticharraa saamamaa ture. Bo'oon, "Sirraa*taqqabballee*" jedhu keessatti, jechi '*taqaballee'*jedhu jecha Amaariffaa yoo ta'u,Afaan Oromootiin "fuunee" jecha jedhu bakka bu'a. Bo'oo kana keessatti,ummatichi bu'aawwan loonirraa argamu kanneen akka aannanii, dhadhaafi foon walitti qabuudhaan abboottii aangoo yeroo

[d]**Silla/Silga***jechuun aanan furdaa saawwa reefu dhale irraa guyyoota jalqaba elmuudhaan argamu.*

sanaummata Oromoo gabroomfataa turaniif dirqamaan akka geessaa turan kan muldhisuudha. Akka bo'oo, "Sidaamaa gabbaree" jedhu keessatti ifaan kaa'ametti immoo, warroonni bu'aa loonii ummaticharraa saamaa turan sun,warroota yeroo durii biyya bulchaa turan yookiin gita bittoota warra habashoota /Amaaraa/ akka ta'an agarsiisa.

Dabalataanis, bo'oowwan lamaan, "Sirraa fuudhee turee" jedhufi "Silla diimaa dhugee" jedhu, warroonni ummaticha hacuucaa turan aannaniifi dhadhaa malees, looniis bifa gabaraatiin akka kennamuuf gochuudhaan horsiifatanii itti fayyadamaa kan turan ta'uu agarsiisa. Bo'oon "Silla diimaa dhugee" jedhu immoo, warroonni gita bittoonni loon ummata Oromoorraa bifa gabbaraatiin saamaniihorsiifachuunsilla/silga elmachuun fayyadamaa turuu isaanii agarsiisa. Walumaagalatti, ergaan walaloowwan faaruu loonii gubbatti ibsaman lamaan haala siyaasaa Oromoon Booranaa keessa tureefi xiyyeeffannoo ummatichidaangaa isaatiif kennu kan agarsiisuudha.Faaruu loonii kanatti fayyadamuudhaan, Oromoonni Booranaa dhalootahaaraan dhiibbaa siyaasaa hawaasaa isaarra gahu ofirraa akka faccisuakkasumas daangaa isaa akka kabachiifatu barsiisaa akka turan/jiran hubachuun nidanda'ama.

## 5.2.2 Haala Diinagdee Ibsuu

Diinagdeen guddinaa biyya tokkootiif akkasumas, jireenya hawaasa tokkootiif baay'ee murteessaa ta'uun waan nama mamsiisuu miti. Diinagdeen hawaasa Oromoo Booranaa immoo, adda durumaadhaan loon horsiisuurratti kan hundaa'eedha. Ummanni kun faaruu looniitti dhimma bahuun haala diinagdee isaa ibsata. Fakkeenyaaf, faaruun armaan gadii kun yaad-rimee kana of kessaattikan hammatuudha.

*Diimaa silla mirgaa*
*Ayyoo beela baasa*
*Diimtuu raadaa dhalaa*
*Aabboo deega baasa*

Faaruu armaan oliikeessatti bo'oon, "Diimaa silla mirgaa" jedhu irraa hubatuun akka danda'amutti, aannan silla/silga loon irraa argamu namoonni akka hin beelofneef sooratu yookiin dhugu.Bo'oon, "Ayyoo beela baasa" jedhu immoo, haati loowwan dhale qabdu beelaafsaaxilamu akka hindandeenye mullisa.Sababni isaas, haati loon dhaltii qabdu aannan loon sanarraa argattu dhugaa yoo barbaadde gurgurtee waan sooratan bitachuun beela of baasti. Bo'oon, "Diimtuu raadaa dhalaa" jedhu, raada bifni ishee diimtuu hormaataaf tan taatu ta'uu ibsa. Bo'oon, "Aabboo deega baasa" jedhu immoo, loon tokko keessatti raaddi dhalachuun hormaata loon sanaa waan agarsiisuuf, abbaa loon sanaatiif abdiin diinagdeen isaa kan guddatu ta'uuakkasumas deega yookiin hiyyummaa irraa bilisa ba'uu isaa agarsiisa. Sababni isaas, loon yoo raada dhalu hormaanni isaa kan itti fuufufi yoo gurguranis galiirraawaan argataniif. Kana malees, abbaan loonii raada sana gurguratee sooramus akka danda'u ibsa.Haaluma walfakkaatuun, fakkeenya dabalataa faaruu diinagdee ibsu kan armaan gaditti kenname ilaaluun ni danda'ama.

*Hirmaanni kaarraan duudee, galee mooraa guute;*
*Sarakkaboo galee, sarakkaboo dhale*

*Karrattii gargar qabee*
*Galee moonaa guutee*
*Horee moonaa guutee*
*Abbaa ofii gurra guutee*

Akkuma faaruu loonii kana keessatti muldhatutti, bo'oon, "Hirmaanni kaarraan duudee galee mooraa guute" jedhu, loowwan dhalanii waatiyyee qaban yeroo kaarraan duudan, waatiyyee isaanii waliin moona loonii keessatti kan rukkatan (baay'atan) ta'uu agarsiisa. Bo'oo ibsame kana keessatti, 'Hirmaanni' yoo jedhu, horii reefuu dhalee waatiyyeexixiqqoo of jalaa qabu jechuu yoo ta'u,'Kaarraan' yoo jedhu immoo,seensa yookiin balbala loon sun gara moonaa ittiin galan agarsiisa.Oromoo Booranaa biratti 'kaarri' looniif qofa ta'a.Bo'oon, "Galee moonaa guutee" jedhu, loon sun yeroo moonatti galan walitti qabamanii kan heddumaatan ta'uu agarsiisa.

Bo'oon, "Sarakkaboo galee sarakkaboo dhale" jedhu immoo, loon sun loon dhaltii waan ta'aniif, yoo galan ariitiidhaan kan deeman ta'uufi daddafanii kan dhalan yookiin taadhii ta'uu isaanii kan ibsuudha. Kana malees, bo'oon, "Karrattii gargar qabee" jedhu, loon hirmaanaa yeroo galanwaatilee isaanii ariitiin argee hoosifachuu waan barbaaduuf, jarjara loon sana ibsa. Bo'oon, "Horee moonaa guutee" jedhu immoo, hirmaanni sun waan daddafee dhaluuf, hormaanni hirmaana sanii kan baay'ate ta'uu agarsiisa. Oromoon Booranaa, diinagdeen isaa loon horsiisuurratti kan hundaa'e jiru waan ta'eef, qabeenyi nama tokkoo baay'ina loowwan inni qabutiin madaalama. Haaluma kanaan, bo'oon, "Abbaa ofii gurra guutee" jedhu, abbaan loon baay'eehore loon isaatiin beekamtii/gurraargachuu danda'u ibsa.

Walumaagalatti, ergaan walaloowwan faaruu loonii armaan oliirraahubachuun akka danda'amutti,loon utubaa diinagdee hawaasa Oromoo Booranaati.Loon heddu qabaachuun mallattoo guddinaafi badhaadhinaa ta'uu, akkasumas, burqaa gammachuu ummatichaa ta'uu agarsiisa.Ummata Booranaa biratti,madaallii namni tokko kabajaa ittiin argatu loon heddumminaan horsiisuufi jaalala isaanii qabaachuu akka ta'e hubachuun nidanda'ama.

## 5.2.3 Hawaasummaa Ibsuu

Oromoon Booranaa hawaasa gamtaan jiraatu waan ta'eef, bu'a qabeessummaa jireenya gamtaasfaaruu loonii fayyadamuudhaan labata haaraa barsiifata. Ummatichi faaruu looniitti gargaaramuudhaan walgorfatu, waljajjabeefatu, yarummaa yookiin doqnummaabalaalleffatu; wantoota safuu cabsan, aad-malee ta'an, kan jiruufi jireenya dhala namaatiif danqaa ta'anirraa waldeeffatu. Haala kanaan,jireenya hawaasummaa isaanii cimsatu.Fakkeenyaaf, hawaasni Oromoo Booranaa faaruu loonii fayyadamuun namoota loon kunuunsuu hinjaalanne ittiin gorfatu; kan loon jaalatu immoo, ittiin onnachiifatu. Faaruun loonii armaan gadii kunis,yaada kana addeessa.

*Tuulaani horrisaa* *hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Ilmeen horbisaa* *hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Ilkee sii baasa* *hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Ilkeen daaddisa* *hohayyoo hoyee hoyee heyaa*

Faaruu loonii kana keessatti bo'oon, "Tuulaani horrisaa" jedhu, bakki loon bishaan irraa dhugan fageenya akka qabuufi bishaan loon dhuganis kan boolla keessaa bahu ta'ee, boollichis kan bishaan baay'ee qabu ta'uu agarsiisa. Bo'oon lammataa "Ilmeen horbisaa"jedhu immoo,tajaajila loon sun ilmee isaatiifi ilma namaatiif kennu kan gorsuudha. Warroota faayidaa loonii hin beekneef, loon ilmee isaafi ilmee namaas akka gabbisu gorsa laachuuf gargaara. Akkasumas, bo'oon,"Ilkee sii baasaa" jedhu ilkaan da'immaanii biqiluudhaaf bu'aa loonii kan ta'e aannan akka barbaachisu, akkasumas, bo'oon "Ilkeen daaddisa" jedhu ilkaan biqile sun akka jabaatee cimuufi haalluu isaa akka qabaatu kan taasisu ta'uu ibsa. Walumaagalatti, walaloon kunbu'aa loon kennu warra hin beekneef barsiisuf yookiin gorsa laatuuf kan tajaajiluudha. Jajjabinni, qananiin, bareeddinni, badhaadhinni loon malee akka hin jirre ibsuun gorsa kan kennuudha.

Gama biraatiin, hawaasni Oromoo Booranaa faaruu looniitti gargaaramee yarummaa yookin dadhabina namoota tokko tokkoo ittiin ibsa.Jireenya hawaasummaa ummata Oromoo Booranaa keessatti, yarummaan fudhatama waan hin qabneef, hawaasichi yarummaa cimsee balaalleffata.Faaruun yaada kana ittiin ibsatan kan armaan gadii kana fakkaata.

*Bishaan hin jiree boottee*
*Bishaan jiraa badhaasoo*
*Yoo tootuun yarattee bootte.*

Akka armaan olii keessatti bo'oon, "Bishaan hin jiree bottee" jedhu bishaan eela[e] keessa jiru sun baay'ee gadifagaatee kanjiru waan ta'eef, tootuun[f] bishaan sana waraabuuf dhimmamuu dhabuurraa kan ka'e, loowwan kan mar'achaa jiranta'uu ibsa. Jechi "boottee" jedhu mardhata loon dhabsuudhaan miidhameet agarsiisa. Bo'oon, "Bishaan jiraa badhaasoo" jedhu, bishaan jiraachuu kan muldhisu yoo ta'u, bo'oon "Yoo tootuun yarattee bootte" jedhuimmoo, tootuun sun yarummaa waan qabuuf yookiin loon sanaaf gadduu dhabuurraa kan ka'e,loowwan bishaan dhugan dhabanii akka mar'achaa jiran agarsiisa. Gabaabumatti, faaruuloonii kanarraa hubachuun akka danda'amutti,jireenya hawaasummaaOromoo Booranaa biratti, namni loon kunuunsuuf kaka'umsa hinqabne, akka namayaraafi kabaja hinqabneetti fudhatama. Walumaagalatti, yarummaan jireenya hawaasummaa Oromoo Booranaa biratti fudhatama kan hinqabne ta'uu agarsiisa.

Karaa biraatiin, Oromoon Booranaa jireenya hawaasummaa isaanii keessatti faaruu loonii gargaaramee walonnachiisa. Walonnachiisuun hawaasa Booranaa biratti baay'ee mullata; nama jabaatee hojjatu hojii isaatti akka cimee itti fufu jajjabeeffatu. Keessattuu, hawaasni kun looniif bakka olaanaa waan qabuuf, namoota loon kunuunsuu jaalatan hamileen isaanii akka cimu taasisu. Namoota looniif waan gaarii hojjatan faaruu loonii garagaraa fayyadamuudhaan si'eessuun yookiin kakaasu.Fakkeenyaaf, ummatichi namoota gaafa loon

[e]**Eela***jechuun boolla gadifagoo bishaan basuuf humna namaatiin qotamuudha.Oromoon booranaa bishaan namaafis ta'ee loon isaatiif ta'u heddumminaan eela qotu keessaa argata.*

[f]**Tootuu***jechuun nama bishaan loon dhugan eela gadifagoo keessaa waraabee baasuudhaan loon obaasu. Akkaataa gadifageenya eelatiin, eela tokko keessa bishaan too'udhaaf yookiin waraabidhaaf tootuwwan hedduu eela keessa dhaabachuun bishaanicha waraabanii waliif daddabarsuudhaan baasu.*

bishaan obaasanlooniif bishaan too'an hamilee akka horataniif akka armaan gadii kanatti faarsu:

*Ee Araarsaa mataa huuraa*
*Tootuu mataa fixeensaa*
*Fixeensi ganna bu'ee*
*Waarii warraa lakkisee*

Bo'oon, "Ee Araarsaa mataa huuraa" jedhu keessatti, gaaleen, 'mataa huuraa' jedhu nama eela keessaa bishaan warabaa jiru kan ibsu yoo ta'u, mataan isaa xurii/huura kan qabu ta'uu agarsiisa. Namni loon obaasu sun looniif bakka guddaa waan qabuuf,yeroo bishaan too'u sana dhimma loonii malee, dhimmi qulqullina ofiisaa kan itti hin mullanne ta'uu ibsa. Sababni maqaan "*Araarsaa*" jedhu kun moggaffameefis, hawaasa Oromoo Booranaa biratti haalli qilleensaa gammoojjii waan ta'eef, loon guuyyaa hunda bishaan hin argatu; guyya lama yookiin sadii dhabsuu oolaanii bishaan argatu. Kanaaf, nama gaafa obaa loon sana bakka obaa geessuuf maqaan kun kennamaaf. Kunis, namni loon sana obaasu yookiin Araarsaan nama loonii dhimmamu ta'uu qaba. Haaluma walfakkaatuun, bo'oon, "tootuu mataa fixeensaa" jedhu, namni bishaan looniif eela keessaa waraabu,yeroo sanatti loon bishaan sirritti akka dhuganiif waan barbaaduuf, bishaan isarratti coccophee isa tortorsuufkan hin dhiphanne ta'uu ibsa. Gabaabumatti, faaruun armaan olitti ibsame kun,Oromoon Booranaa nama loon gaafa obaa bakka bishaanii geessee ofkennee hojjatu akka jajjabeessan yookiin onnachiisu agarsiisa.

Walumaagalatti, Oromoon Booranaa horsiisee bulaa waan ta'eef, namoota loon jaalataniif kabaja guddaa qaba.Akkasumas, namoota loon hinkunuunsineef gorsa yookiin jibba qabu faaruu loonitti gargaaramuudhaan ibsata.Qabiyyee faaruu loonii kanarra hubachuun kan danda'amus, akka ogafaan tokkootti, faaruun loonii amaloota yookiin aadaa ummata biratti fudhatama qaban jajjabeessuu, "maintaining conformity to the accepted patterns of behavior" (Bascom, 1954, f. 344) akka jedhe sana faayidaa guddaa akka kennaa jiru agarsiisa.

### 5.2.4 SeenaaHawaasichaa Ibsuu

Faayidaa afwalaoo keessaa inni tokko aadaafi seena ummata tokkoo dhalootaa haaraaf dabarsuu akka ta'e hayyoonni nimirkaneessu. Haaluma kanaa, (Bonney 1985,f.285) "Folklore is an educational tools for the transmission of cultural tradtions, values, & histories from generation to next" jechuun ibsa. Hawaasni Oromoo Booranaas seenaa ofiisaa qaba.Akka ragaa qorannichaarraa hubachuun danda'amutti, hawaasni kun, seenaa isaa kanameeshaa ittiin waliif dabarsu keessaa tokko faaruu looniiti.Faaruun dhimma kanaaf oolan keessaa kan armaan gadii akka fakkeenyaatti ilaaluun ni danda'ama.

*Baleelii kuusee*
*Kuusii mirgoolee*
*Sangaan faaya kee*
*Kan Xuyyee Galgaloo*
*Ka Jaarsoo Sanphaaloo*

Akkuma faaruu armaan oliirraa hubatamutti, bo'oon, "Sangaan faaya kee" jedhu, seenaanama loon baay'ee horee qabu tokkoo himuuf kan gargaaruudha. Sababni isaas, hawaasnikunseenaaloon horsiisuudhaalleewaan qabuuf. Kana malees, bo'oon, "Kan Xuyyee Galgaloo" jedhu, abbaan loon sanaa eenyu akka ta'e agarsiisa. Bo'oon, "Ka Jaarsoo Sanphaalo" jedhu namni sangaa sana hore Xuuyyee Galgaloo kan jedhamu ilma Jaarsoo Sanphaaloo ta'uu agarsiisa. Gabaabumatti, seenaa ummata Booranaa keessatti, warrikun loon hedduu horsiisuudhaan kan beekaman ta'uu ibsa.Seenaa warra kanaa faarsudhaan, Oromoon Booranaa dhaloonni haaraan kaka'umsa diinagdee akka horatu taasisa.

### 5.2.5 AadaaHawaasichaa Ibsuu

Hawaasni tokko tooftaawwan aadaafudhatama qaban ittiin baarsiisu, akkasumas, wantoota aad-malee ta'an akka hindagaagne ittiin taasisu keessaa inni tokko ogafaani (Bascom, 1954).Hawaasni Oromoo Booranaas aadaawwan garagaraakanmataa isaa qaba. Hawaasichiaadaa isaa kana faaruu looniitti gargaaramuudhaanibsata. Dhimmaa aadaa ilaalchisee, faaruun loonii armaan gadiikun fakkeenya gaarii ta'a.

*Ee ilaacha beerri nyaattee*
*Irree[9] dubbartiin nyaattee*
*Irra jirtiif jettee*
*Mogolee dhiirti nyaatte*

Bo'oon faaruu, "Ee ilaacha beerri nyaattee" jedhu, aadaa nyaataa Oromoo Boorana keessatti, yeroo loon tokko qalamu,haawwonni foon qarqara ijaatti argamu nyaachuu kan danda'an ta'uuagarsiisa. Bifuma walfakkaatuun, bo'oon, "Irree dubbartiin nyaattee" jedhu kun aadaa soorataa hawaasachaa(gosa Goonaa)keessatti,foon irree dubartootaaf qofa aadaan kan eeyyamuufi dhiirti yeroo kamiyyuu foon kana kan hin sooranne ta'uu agarsiisa. Akka aadaa gosa Goonaatti, akkasumas Oromoota biro biratti, jechi'irreen' jedhuhiika'humnaa' yookiin 'jabinaa' jedhu qaba.Ilmaan dhiiraa gosa kanaa uumamaan irree yookiin jabina niqabu jedhamee yaaddama.Kanaafuu warri dhiiraa kuni foon irree nyaachuun irraa hineegamu.Dhiira qofa osoo hintaane, dubartiin ulfaatis foon irree nyaachuun hineyyamamuuf. Sababni isaas ulfi garaa ishii keessatti argamu suni dhiira ta'uu waan danda'uuf. Kana jechuun karaa biraatiin, dubartoonni foon irree akka nyaataan kan eeyyamamuufii danda'e akka warra dhiiraa irree umamaan waan hinqabneef yaada jedhu dhugoomsa.Aadaa yookiin gochi kuni ammoo, ilaalcha olaantummaa warra dhiiraa sabicha keessa jiru yookiin immoo falaasama sabni kuni walqixxummaa koorniyaa irratti qabu kan calaqqisiisudha.

Bo'oowwan "Irra jirtiif jettee" jedhuufi "Mogolee dhiirti nyaatte" jedhurraa hubachuun akka danda'amutti, loon kunuunsuun walqabatee,dhiirti hojiilee gurguddoo kan hojjatan waan ta'eef, aadaa hawaasa Oromoo Booranaa keessatti yeroo loon qalatan warra dhiiraa ollaa walitti waamuudhaan foon mogolee waddanii sooratan. Foon mogolee wanti dhiira qofaaf

[9]**Irreen***qaamolee loon qalame sanaa keessaa tokko ta'ee kan foon hedduu ofirraa hin qabneedha. Karaa biraatiin jechi irree jedhu, jecha "humna" yookiin "jabina" jedhus niqaba.*

eyyamameef, yeroo hedduu hojii humna kanneen akka looniif eela qotuu, eela keessaa bishaan too'uu, looniin godaanuu adda dureen kanraawwatu warra dhiira waan ta'aniifidha. Haala kanaan, Oromoo Booranaa faaruu loonii fayyadamee aadaa nyaataa hawaasichaa keessatti, nyaata aadaan dhiiraaf qofa eeyyamamtuufi dubartootaafis kan kophatti eeyyamamutu jiraachuu dhaloota haaraabarsiisa.

### 5.2.6 Leetoo HawaasaaIbsuu

Leetoon hawaasa Oromoo Booranaa loon horsiisuurratti kan bu'uureffateedha. Loon immoo, bu'uura leetoo isaanii waan ta'eef niseexessu.Gaarummaa loonii kaasuudhaan hawaasichi loon isaa faarfata. Haalli kun ummata Oromoo heddu birattis dhugaa ta'uu isaa Filee (2016, f. 96) "Oromoon horii isaa akkuma dhala isaatti ilaala; jaallata; kunuunsa; faarsa..." jechuudhaan mirkaneessa. Aadaan kuni amala hawaasa horsiisee bulaa hundaa akka ta'e Finnegan (2012, f. 245)akkana jechuudhaan ibsiti: "Among pastoral peoples, songs are often composed and sung in praise of individual beasts". Haaluma kanaan, hawaasni Oromoo Booranaa loon faarsuun/jajuun jireenya leetoo isaanii kan utubuuf waan ta'eef,yoo faarfatan ni mul'ata. Faaruun loonii dhimma kana ibsu gareedhaan kanfaarfamu ta'ee isa armaan gadii kana fakkaata.

*Riiqatatti argee hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Baroodee argee hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Dalluu sunsumaa hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Dhalee susukaa hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Dhalee jibbicha hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Dalluu riqichaa hohayyoo hoyee hoyee heyaa*

Faaruu loonii kana keessatti, bo'oon, "Riiqatatti argee" jedhu, loon yeroo sooranniifi haalli qilleensaa itti toluwantootota adda addaatti qaama isaaniirigataniifi lafa booratan jajuudhaaf gargaara.Bo'oon "Baroodee argee" jedhu immoo, kormi loon keessa jiru yeroo gootummaa ofii ibsachuuf barooduudhaan dhaadatu ibsa. Bo'oon, "Dalluu sunsumaa" jedhu guddina qaama loonsanaa jajuuf kan fayyadu yoo ta'u, bo'oon, "Dhalee susukaa" jedhu immoo,hormaata loonii saaduuf kan ibsuudha. Kana malees, loon sun jibbicha cimaa dhaluuakka danda'u agarsiisa.Faaruun loonii gamtaan faarfamu kanarmaan gadii kunis yaad-rimema armaan olii kans kan cimsudha.

*Gaaraa galanii hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Gaarree dhalanii hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Gaaraa duudanii hohayyoo hoyee hoyee heyaa*
*Qaalluu muudani hohayyoo hoyee hoyee heyaa*

Faaruu loonii kana keessatti, bo'oon "Gaaraa galanii" jedhu, loon bakka jireenyi isaaniif mijaa'uu oolanii kan galan ta'uu agarsiisa. Bo'oon, "Gaarree dhalanii" jedhu immoo, loon bakka jireenya isaaniitiif tolu kan jiraatan yoo ta'e, baay'ee kan horan ta'uu mul'isa. Kana malees, hormaata loon sanii ilaalchisee, loon bifni isaa garagaraa ta'e yookiinloon fuula isaaniirraa adii qabu kan hormaataaf ta'uu ibsa. Kunis, loon baay'eebifa hedduu of keessaa

kan qabu waan ta'eef,hawaasa Oromoo Booranaa birratti baay'ee jaalatamaaakka ta'ee agarsiisa.Bo'oon, *"*Gaaraa duudanii"jedhu immoo, loon sun bakka oolan sanaa yeroo galan, haalli isaan ittiin deeman sun baay'ee namatti waan toluuf deemsa isaanii sana dinqisiifachuu ibsa. Bo'oon, "Qaalluu muudan" kan jedhu ammoo namoonni qaalluu bira dhaqa, loon yookiin wantoota loon irraa argaman qabachuudhaan kan dhufan ta'uu ibsa. Sababni isaas, hawaasa Oromoo Booraanaa biratti,jireenya looniiyoo mijeessan, hormaanni isaas daran kan dabaluufi dhimmootahunda keessatti looniifi wanti loon irraa argamu baay'ee kan barbaachisuuta'uu agarsiisa.

Walumaagalatti, Oromoon Boranaa bareedina qaamaa akkasumas, sochii adda addaa loon isaanii godhan ilaaludhaan gammachuu isaanitti dhaga'amu faaruu loonitiin ibsatu.Kuni immoo, xiinsammuun isaanii jireenya loon isaanii waliin hangam tokko walitti hidhataa akka ta'e nimuldhisa.

## 5.3 Sadarkaa Faaruun Loonii Oromoo BooranaaAmmaa Irra Jiru

Yeroo ammaa faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa ilaalchisee dhaloota haaraa biratti waanti mul'atu wanta jabana duriitiin faallaadha.Kunis, sababoota garagaraatiin walqabatee, faaruun loonii haphachaa dhufuu isaati.Akka hayyoonni mirkaneessanitti, guddinna hawaas-diinagdeefi jijjiirama haala jireenyaa ummataarraa kan ka'e, afoolli hawaasa tokkoo yeroodhaa gara yerootti geeddaramuu danda'a, akkasumas, baduu danda'a (Finnegan, 2012; Assaffaa, 2009).

Jiruuf jireenya Oromoo Booranaa keessatti, loon iddoo guddaa qaba. Sababni isaas, diinagdeen ummata kanaa irracaalaan loon horsiisuu irratti kan bu'ureffate waan ta'eefidha. Kanaaf, faaruu loonitti dhimma bahuudhaan jaalalaafi kabaja loon isaaniif qaban ibsatu. Akka odeef-kennitoonni Waaqoo Jaatanii ibsanitti, yeroo durii, abbootiifi hawwonni Oromoo Booranaa baldhinnaan faaruu loonii faarfatu.Kana malees, dargaggonniifi shamarranis yeroo obaa, yeroo loon yaaman, yeroo galchumaa, yeroo loon boqotan, jaalalaafi marartee miira isaanii keessa jiru faaruu loonii faarfachuun ibsatu.Akkasumas, faaruu looniitti fayyadamuun aadaa, seenaa, siyaasafi diinagdee isaanii ibsachaa, ittiinis wal gorfachaa, wal barsiifachaa, wal onnachiisaa,tokkummaa isaanii ittiin ibsachaa turaniiru.

Haata'umalee, akka odeef-kennitoonni qorannichaaakka ibsanitti, yeroo ammaa sababoota garagaraatiin walqabatee faaruun loonii hawaasa Oromoo Booranaa biratti haphachaa dhufeera.Sababoota kanneen keessaa babaldhinni amantiilee alaadhufanii isa tokkoodha.Akka odeef-kennitoonni gubbatti eeraman jedhanitti, babaldhina amaantiilee alaa irraa dhufan (Islaamummaafi Kiristinnaa) irraa kanka'e, aadaan loon faarsuu irranfatamaara. Amantiileen alaa dhufan kunniin, hawaasichi faaruu loonii dhiisudhaan waa'ee amantichaa qofa akka beekaniifi faarfannaa mana amantichaa qofa akka baratan godhaaru. Kanaaf, namoonni hedduun aadaa loon faarfachuurraa ofqusachaaru.

Sababaanni inni lammataa, dhiibbaa karaa guddinna saayinsiif teeknoloojiitiin jiru.Akka odeef-kennitoonni Jaatanii Areero fi Waaqoo Guyyooibsanitti, meeshaaleen teeknoloojiisirbaa qalbii dhaloota haaraa hedduu ofitti harkisuudhaan akka isaan aadaa

isaanii,keessattuu aadaa faaruu loonii, dagatan taasisaara.Sababni inni sadaffaan.jijjiirama haala jiruu dhaloota haaraati. Dhaloonni haaraan heddumminaan gara barnoota hammayyaa xiyyeeffachaa waan dhufeef, hariiroon isaan loon waliin qaban baay'ee xiqqaachaa dhufaara.Kanaaf, jaalalliifi mararteen dhaloonni haaraan looniif qabu dhaloota durii waliin walbira yoo madaalamu, baay'ee gadaanadha.Gabaabumatti, yeroo ammaa loon faarfachuun, Oromoota Booranaa, keessattuu dhaloota haaraa, biratti akka aadaa boodatti hafaatti fudhatamaa dhufaara.Kuni immoo, faaruun loonii akka dagatamu gochuu irratti dhiibbaa olaanaa qaba.

# 6 Guduunfaafi Yaboo

## 6.1 Guduunfaa

Ummanni Oromoo ogafaanitti fayyadamuudhaan aadaa, seenaa, duudhaafi safuu isaa dhalootaa dhalootatti dabarfata.Gosoota ogafaanii ummatichi itti fayyadamu keessaa afwalaloon isa ijoodha.Afwalaloo keessaa immoo, faaruun loonii isa tokko.Kaayyoon qorannoo kanaas,qabiyyee faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa maal akka fakkaatuu qaacceessuudha.Qorannoo kana keessatti, faaruun loonii hawaasa Oromoo Booranaa sirnoota ittiin faarfamufi qabiyyee akkamii akka of keessaa qabu adda baasuu akkasumas, faaruun loonii kun yeroo ammaa sadarkaa maal irra akka jiru adda baasuu ture.

Argannoowwan qorannichaa akka muldhisanitti, Oromoon Booranaa sirnoota faaruu loonii ittiin faarfatukan mataa ofii qaba. Sirnoonni kunis, sirna faaruu loonii dubartoonni gamtaafi dhuunfaadhaan faarfataniifi sirna faaruu loonii warrii dhiiraa gamtaafi dhuunfaan faarfatan akka ta'e ragaanqaacceffame nimuldhisa.Sirna faaruu loonii hawaasichaa keessatti dhiirtiifi dubartiin yemmuu gamtaan faarfatan, faaruma tokkoyeedaloo garagaraatiin akka faarfatan beekameera.Sirni faaruu loonii kunniin, faayidaa sammuu bohaarsutiin alatti, hariiroo hawaasummaa ummatichaa cimsuu akkasumas carraa dhaloonni haaraan aadaa, duudhaa, safuufi seenaa isaa tooftaa salphaa ta'een ittiinn baratu uumuu keessatti gahee olaanaa taphachuu danda'u.

Faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa qabiyyeewwan adda addaa kanneen akka: siyaasaafi ilaalcha hawaasaa, diinagdee, hawaasummaa, seenaafi aadaa hawaasichaa of keessaatti kan hammatu ta'uunbeekkameera. Fakkeenyaaf, Oromoon Booranaa faruu looniitti fayyadamuun, haala siyaasaa keessa tureefi keessaa jiruu akkasumas, rakkoo daangaaisaatiin walqabatu ibsata.Faaruu loonii kanatti fayyadamuun dhaloonni haaraan dhiibbaa siyaas-diinagdee isarra gahu akka ofirraa faccisu akkasumas, daangaa isaa akka kabachiifatu barsiisa.

Qabiyyeen inni lammataa, dhimma diinagdee hawaasichaan kan walqabatuudha. Bu'aa xiinxala faaruu loonii hawaasichaarraa hubachuun akka danda'amutti, loon utubaa diinagdee Oromoota Booranaati.Hawaasicha biratti, loon heddu qabaachuun mallattoo guddinaafi badhaadhinaa akkasumas, madda gammachuufi kabajaati.

Dabalataanis, bu'aa qorannoo kanaarraa hubachuun akka danda'amutti, Oromoon Booranaa faaruu looniitti fayyadamuudhaan aadaafi duudhaa isaa dhaloota haaraa barsiisa.Faaruu looniitti fayyadamuudhaan, yarummaan hawaasa Oromoo Booranaa biratti fudhatama akka

hinqabne barsiisa. Aadaa hawaasichaa keessatti loon kabajaa guddaa waan qabaniif, namni loon kunuunsuuf kaka'umsa hinqabne tokko, akka yaraafi nama kabajaa hinqabneetti fudhatama. Faalla kanaatiin, ummatichi namoota loon kunuunsuu jaalatan faaruu looniitti fayyadamee nijajjabeessa, hamileen isaanii akka cimu godha.Haaluma walfakkaatuun, Oromoon Booranaa aadaafi amaloota fudhatama qaban jajjabeessudhaaf, wantoota aad-malee ta'an immoo akka isaan hindagaagne gochuudhaaf faaruu looniitti dhimma baha.

Qabiyyeen inni biraa immoo,Oromoon Booranaa faaruu looniitiin seenaa isaanii dabarfatu.Seenaa ummatichaa keessatti namoota sadarkaa guddaarra gahan yookiin beekamoo ta'an faarsudhaan akka isaan hindagatamne godhu.Ummnni kuni faaruu looniijaalalaafi marartee loon isaatiif qabu yookiin hariiroo xiinsammuu olaanaa loon isaa wajjiin qabu ittiin ibsachuuf fayyadama.Walumaagalatti, Oromoon Booranaa faaruu loonii ittiin boohaaruufi jaalala loon isaatiif qabu ittiin ibsachuudhaan alatti, dhimmoota siyaasaa, diinagdee, aadaafi seenaa isaaatiin walqabatan dhaloota haaraa barsiituuf yookin qaruuf akka itti fayyadamu qorannoo kanaan bira gahameera.

Haata'u malee, sababoota akka babaldhinna amantiilee alaa dhufanii, baaldhinna itti fayyadama meeshaalee teeknoloojii, akkasumas, jijjiirama haala jireenyaa dhaloota haaraa irraa kan ka'e loon faarfachuun ummata Oromoo Booranaa, keessattuu dhaloota haaraa biratti akka aadaa boodatti hafaattifudhatamaa dhufeera. Kun immoo, faaruu loonii akka dagatamuuf gahee olaanaa qaba.

## 6.2 Yaboo

Yaada guduunfaa armaan olitti tarreeffamanirratti hundaa'uudhaan, qorataan yaboowwan armaan gadii kana kaa'eera.

1. Hayyoonni hawaasa kana keessa jiraatan kanneen akka: barsiisota Afaan Oromoofi barsiisota fedhiifi dandeettii waa barreessuu qaban faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa kana walitti funaannanii bifa qindaa'een barreeffamee akka taa'uu osoo godhanii dansaadha.
2. Dhaloonni haaraan kun leetoo ammayyummaa hordofaa deemuu irraa kan ka'efaaruu loonii dagatamaa waan jiruuf, Biiroon Barnoota Oromiyaa faaruu loonii hawaasa Oromoo Booranaa tokko tokko fudhachuunsirna barnootaa/kaarikulamii Afaaniifi Aadaa keessa galchuudhaan dhaloota dhufuuf akka darbu otoo ta'ee.
3. Faaruuleen kunniin dhama isaa qabatee akka turuuf raawwii qabatamaa waliin viidiyoodhaan waraabamee godaambaa osoo galee olkaa'amee'.
4. Ergaafi falaasama ummatichaa gadifageenyaan baruudhaaf akka gargaaru akkasumas yeedaloo faaruu loonii kana gadifageenyaan baruuf, qorannoon dabalataa ragaa baldhaa kanarra fooyya'een otoo adeemsifamee.

## Galata

Fiixa bahiinsa qorannoo kanaatiif baajata barbaachisu hunda ramaduudhaan nacinaa waan dhaabbateef, Yunivarsiitii Arsiitiif galata guddaa galchina.

## Wabiilee

AshenafiAdugna .(2014). Exploring environmental discourses in oral literature: Ecocritical analysis of Oromo proverbs.*Journal of Language and Literature 5(2):* 24–35.

Asmarom Legesse, (1973). *Gada: Three approaches to the study of African society*. The Free Press, A division of Macmillan Publishing Co., Inc., New York.

Assaffaa Taffarraa (2009). *Eela, Seenaa Oguma Oromoo*. Addis Ababa: Finfinnee Printing Press.

Bascom, W. (1992).*African folklore in the new world*.Bloomington and Indiana University Press.

Bassi, M. (2010). The politics of space in Borana Oromo, Ethiopia: demographics, elections, identity and customary institutions. *Journal of Eastern African Studies, 4 (*2), 221 — 246 online ©2010 Taylor & Francis URL: http://dx.doi.org/10.1080/17531055.2010.487333

Bassi, Marco and Tache, Boku (2011) 'The community conserved landscape of the Borana Oromo, Ethiopia', *Management of Environmental Quality*, *22* (2), 174-186.

Bayyanaa Laggasaa. (2008). *Qaaccessa yoomessaafi qabiyyeewwan faaruu loonii, ummata Oromoo, Godina Baalee, Aanaa Laga Hidhaa* (Waraqaa qorannoo digirii lammaffaa, Yuunvarsiitii Addis Ababa).

Bonney, R. (1985). Teaching anthropology through folklore.*Education Quarterly, 16 (4)*, 265-270.

Bukenya, A., K. Wanjiku, and O. Okoth, eds.(1994).*Understanding oral literature*. Kenya: NairobiUniversity Press.

Chesaina, C. (1997). *Oral literature of the embu and mbeere*. Nairobi: East African Educational Publishers Ltd.

Dastaa Dassaaleny. (2013). *Bu'uura qorannoo*(Max 2[ffaa]). Finfinnee: Far East Trading PLC.

________________. (2002). *Bu'uura qorannoo*. Finfinnee: Far East Trading PLC.

Dejene Gemechu .(2017). Indigenous Federation: The Case of Borana Oromo, Ethiopia Dejene Gemechu Chala. *The International Indigenous Policy Journal,8 (1)*, 1-22.

Dirribi Demissie. (2011).*Oromo wisdom in black civilization.* Finfinnee: Finfinnee Printing and Publishing S.C.

Dörnyei, Z. (2007). *Research method in applied linguistic: quantitative, qualitative and mixed methodology.* Oxford: Oxford University Press.

Dorson, R. M. (1963). Current folklore theories.*Current Anthropology, 4(1),* 93-111. Retrieved from [https://about.jstor.org/terms](https://about.jstor.org/terms)

________. (1972). *Folklore and folklife, an introduction*. Chicago: University of Chicago Press.

Fedhasaa Taaddasaa (2013). *Subii.bu'uuraalee ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Oromiyaa.

Filee Jaallataa.(2016). *Beekumtaa Oromoo.* Finfinnee: Mana Maxxansaa Raajii.

Finnegan, R. (1977).*Oral poetry: Composition performance and context*. Cambridge: Cambridge Universty Press.

__________. (2012). *Oral literature in Africa*. Cambridge: UK Open Book Publishers.

Gabbert, L. (2010). Exploring local communities: conducting ethnographic research in folklore studies. *CUR Quarterly, 30 (4)*, 37–42.

Habtamu Disasa .(2017). *Indigenous Knowledge and Practices of Leader and Leadership Development in the Gadaa System of Borana Oromo Community of Ethiopia*(Doctoral Dissertation.Addis Ababa University).

Harle, P. (1999). Structuralism.*Folklore Forum, 30 (112*), 9-17.

Hayiluu Hundee .(2016).*Xiinxala adeemsa sirna gaa'elaa Oromoo Shawaa Lixaa, Aanaa Jalduu* (Waraqaa qorannoo digiree lammaffaa, Yuunvarsiitii Addis Ababa).

Keller, E.J. (1995). The ethnogenesis of the Oromo Nation and its implications for olitics in Ethiopia.*The Journal of Modern Africa Studies 33:* 621–34.

Kha, F. (2018). The concept of folklore: an overview of the psychoanalytic reading of folklores *International Journal of English Literature and Social Sciences (IJELS), 3*(6), 1059-1061, Retrieved from: https://dx.doi.org/10.22161/ijels.3.6.21ISSN: 2456-7620

Kimani, N. (2010). Rekindling efficacy: Storytelling for health.In *Media and Identity in Africa*.Edited by Kimani Njogu and John Middleton. Bloomington: Indiana University Press.

Lusweti, B. M. (1992). *The hyena and the rock: a handbook of oral literature for schools*. Nairobi: Macmillan Press Ltd.

Malimo, S. (2009).*An oral literature course book*. Nairobi: The National Educational Services.

Melakneh Mengistu. (2006). *Fundamentals of literature for colleges*. Addis Ababa.

Pandey, P. & Pandey, M. M. (2015).*Research methodology: tools and techniques*. Romania: Bridge Center.

Punch, F.(1998). *Introduction to social reaserch*. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd.

Sone, E. M. (2009). What kind of literature for ethical education in Africa? *LWATI: A Journal of Contemporary Research 6:* 157–65.

__________. (2018). African oral literature and the humanities: challenges and prospects enongene. *Humanities 7 (30*), 1-20, doi:10.3390/h7020030.

Spradley, J.P. (1979). *The ethnographic interview*. Fort Worth, Tex: Harcourt Brace Jovanovich College Publishers.

Tesema Ta'a.(2016). Thegadaa system and some of its institutions among the Booranaa: A historical perspective. *EJOSSAH Vol. XII (2),* 81-97.

Teweldemedhn Mekonnen Weldegerima (2018). Characterization of productive and reproductive performances, morphometric and challenges and opportunities of indigenous cattle breeds of Ethiopia: A review , *International Journal of Livestock Production, 9*(3), 29-41.

Tigist Kebede Feyissa (2014). *Conflicts among Pastoralists in the Borana Area of Southern Ethiopia: The case of Borana and Garri*. (Master's Thesis, University of Tromsø).

Waajira Misooma Qonnaa Aanaa Liiban (2010).

Zelalem Tesfaye. (2012). *Ethiopia: When the Gadaa Democracy Rules in a Federal State Bridging Indigenous Institutions of Governance to Modern Democracy*,(Master's Thesis, University of Tromsø).